



Dhamjechoota Caasaa Gaalee Gochimaa Afaan Oromoo Keessatti Tajaajila Gochimoota Mataa Tahan Horsiiisuu

Daani'eel Lammeessaa^{1*}, Girmaa Mangistuu^{2*}, Filee Jallataa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunivarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<i>Kaayyoon qorannoo kanaa caasaa gaalee gochimaa Afaan Oromoo keessatti dhamjechoota tajaajila gochimoota mataa tahan horsiisan xiinxaluu yommuu tahu, barbaachisummaan ammoo, qorattoota dhamjechoota Afaan Oromoorratti qorannoo biraa geggeessuu barbaadaniif ku'umsa ta'uu mala jedhamee yaadama. Kanaan alas, daangaan qabiyyee caasaa gaalee gochimaa keessaa dhamjechoota gochima mataa tahe horsiisuuf oolan xiinxaluurratti kan fuulleffate yommuu tahu, daangaan bakkaammoo looga Maccaatiin daangeffamee jira. Dabalataan, gosti qorannoo addeessaa yommuu tahu, mallimmoo, akkamtaadha. Itti dabaluu, qorataan Afaan Oromootiin afaan waan hiikkateef, tooftaa ragaalee ofiin dhiheessuufi seeneffamoota afoolaa keessaa oduu duriifi sheekkoon tooftaa akkayyoon filatamuun madda ragaa tahanii jiru. Itti fufuun, ragaaleen walitti qabaman mala akkamtaatiin hiikamuun dhamsageessuun addeeffamanii jiru. Walumaagalatti, argannoon qorannoo kanaa: dhamjechi taasisaa gochima namni sadii keessatti qooda fudhate uumuu danda'u dhamjecha [-siisis]fi [-sisiis] akka ta'eefi dubbachiistuu /i/ 'n hundee gochimaafi dhamjecha taasisaa gidduutti argamtu seera afaanichaa eeguuf akka saagamtu, dhamjechi antima gochirratti raawwate adda baasee agarsiisu {-am} akka taheefi dhamjechi{-at} jedhu gochima taasifataa uumuuf akka oolu ibsamee jira.</i>	Article History: Received: 05-01-2023 Revised: 20-08-2023 Accepted: 28-09-2023 Jechoota Ijoo: dhamjecha dhamsageessuu, gochima, sagduu, taasisaa, taasifamaa, taasifataa

*Qorataa Muummee:
Daani'el Lammeessa

E-mail:
daniellamessa2020@gmail.com

Seensa

Afaan Oromoo qorattootaafi fayyadamtoota adda addaatiin maqaalee: [Oromiffaa], [Oromoo]fi [Afaan Oromoo] jedhamaniin akka tajaajilan Dabalaa (2011, f. 3) ibsee jira. Jechi [Oromiffaa] jedhamu, kan Oromoon asiliidhaan ijaarrate miti jedhamee waan yaadamuuf, Oromoon afaansaa bakka buusee fayyadamuuf beekamtii baay'ee kennaafii akka hinjirre ibsee jira. Garuu, jechi kun kan uummaticha bakka buhe Oromoofi dhamjecha {-iffa} jedhurraa ijaaramuusaafi uummanni Oromoo jecha “Oromoo” jedhu asiliidhaan uummaticha bakka bu'usaa beekuun isaanii dhugaa hinhaalamneedha. Fufiin {-iffa} jedhus Afaan Oromoo keessatti beekamaafi paartikilota ammayyaa keessaa [akka] kan jedhu bakka bu'ee tajaajiluusaa namoota dudulloomoon looga filatame keessatti xiyyeeffataman jecha “gaangiffa” jedhu keessatti fufii {-iffa} jedhu hiika [akka] yookiin walfakkeenya agarsiisuuf bakka buusanii gargaaramuu isaanii agarsiisuuf, himni “Inni Oromiffa dubbata” jedhu, hima “Inni Oromoo dubbata” jedhuun walqixa. Xiyyeeffannee yoo ilaallemmoo, “Inni akka Oromootti dubbata” jechuus akka tahe Dabalaa (2011, f. 3-4) ragaaf dhiheessee jira.

Kanaan alas, haala faca'iinsa uummataafi loogawwan afaanichaa yaada muraasa kaasuun barbachisaadha. Afaan Oromoo afaan lafa ciisaa Kushitik bahaa keessatti dubbatamu

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15
keessaa tokko ta'ee, maatii Afro-Eeshiyaa jalatti hammatama. Kana ilaalchisee, Hayward (2000) akka ibsetti, maatiin afaan Afiroo-Eeshiyaa: Seemetik, Kushitik, Omotik, Chaadik, Berberiifi Ejjipshiyaan” jedhamuun damee ja'atti qoodama. Dabalataan, Kuushitikiin: Kuushitik kaabaa, Kuushitik giddu-galeessaa, Kuushitik lafa ciisaa bahaa, Kuushitik Kibbaa, Kuushitik lafa olkaa'aa Bahaa, Duullaayyifi Yaakuu jechuun qoqqoodee jira. Kushitik lafa ciisaa Bahaa ammoo kan Oromoon keessatti hammatamuudha. Ammas Kushitik lafa ciisaa Bahaa keessatti kanneen argaman: Oromoid Kaabaafi Oomoo-Xaanaatti kan qoode yommuu tahu, Afaan Oromoo ‘Oromoid’ jalatti akka hammatamu Dabalaa (2011, f. 4) ibsee jira. Afaan Oromoo uummata hedduudhaan kan dubbatamuufi badhaadhina jechootaatiin beekamaa akka tahe, baay'ina dubbattootaatiin Afaan Arabaafi Hawusaattii aanee sadarkaa sadaffaa qabatee akka jiruufi maatii afaan Afiroo-Eeshiyaa tahee, afaanota kuushitik bahaa keessaa isa tokko akka tahe Baye (1986, f. 8) ibsee jira.

Bakki argamaafi faca'iinsa uummata Oromoo Baalee akka tahe ragaan barreeffamaan akka itti aanee jirutti ibsamee jira. Maddi Oromoo lafa dilallaa'a olka'iinsa qabu Baalee akka tahe, namoota adda addaatiin ibsamee jira. Bu'uuruma kanaan, bakki kunis, iddoo dhaloota sabichaa jedhamuun beekama.

Daani'eel L. fi kb

Bakki kun “Fugug” kan jedhamu yommuu tahu, yeroo ammaa kana bulchiinsa godina Arsii jalatti akka argamu ibsee jira. Dabalataan, Oromoon Baaleefi naannoo laga Gannaalee jiraatan: afaan, aadaa, amalaafi seera Abbaa Gadaa, Qaalluufi Bokkuu akka waliin qooddatan Mahammed (1990, f. 4-6) eeree jira.

Dabalataan, akaakayyuun Siiroo Harargee bakka Jaarsoo jedhamuu gara Raayyaatti akka godaanan qorannoo Kebede (2009, f. 2) isaa keessatti ibsee jira. Kanaan alas, haalli faca'iinsa hawaasa Oromoo walakkeessa baha Itoophiyaafi Keeniyaa keessa tahuufi Baarentuummaan uummata walakkeessa Bahaa waliin walitti dhufeenya qabaachuu: karaa Kibbaa Ormaa Keeniyaa keessa, Arsiifi Harar keessa, Karrayyuu naannoo hara Awwaash, Walloofi Raayyaa-Aseeboo hunduu Kaabaa biyyattii keessatti akka argaman Asmerom (2006, f. 144) ibsee jira.

Kana malees, qorannoo loogawwan Afaan Oromoorratti hanga ammaatti namoota adda addaatiin geggeeffaman yommuu ilaallu, adeemsaafi argannoo qoqqooddii isaaniirratti garaagarummaattu jira. Bender et. al (1976) loogawwan afaanichaa naannoorratti hundaahuun Maccaa, Tuulamaa, Walloo, Raayyaa, Arsii, Gujiifi Booranaa jechuun qoqqoodee jira. Qorataan kun loogawwan Afaan Oromoo Itoophiyaan alatti dubbataman yaada keessa hingalchine. Dabalataan, loogawwan Oromoo Itoophiyaa: looga

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15

Oromoo dhihaa kan Wallaggaa keessatti dubbatamu, looga Oromoo bahaa kan naannoo Hararitti dubbatamuufi looga Oromoo kibbaa kan naannoo Booranaatti dubbatamu jechuun Gragg (1976, f. 173) bakka gurguddaa *sadiitti* qoodee ture. Qorataan kun, looga Shawwaa keessatti dubbatamu qoodama keessa waan hingalchineef, qooddiwwan sadan keessa jiraachuu yookiin ofdandaahaa jiraachuu isaa wanti agarsiisu waan hinjirreef, guutuu miti.

Kanaan alas, Wako (1981) loogawwan afaanichaa looga Kibbaa kan (Arsii, Gujiifi Booranatti) dubbatamu, looga Giddugaleessaa kan (Karrayyuufi Salaaleetti) dubbatamu, looga Maccaa kan (Wallaggaa, Jimmaafi Iluubbaabooritti) dubbatamu, Looga Bahaa kan (Harariifi Baaleetti) dubbatamuufi looga Kaabaa kan (Raayyaafi Wallootti) dubbatamu jechuun qoqqoodee jira.

Kana malee, loogonni Oromoo Itoophiyaa bakkeewwan gurguddoo *sadiitti* akka qoodamu, Isaanis: looga Maccaa kan Jimmaa, Limmuu, Leeqaafi Nannoo keessatti dubbatamu; looga Tuulamaa Shawwaa keessatti akkasumas loogni Oromoo Bahaa kan Ittuu, Aniyaa, Arsiifi kanneen birootaatti dubbatamuusaa Heine (1981, f. 13) Cerulli (1922), wabeeffachuun ibsee jira. Haala qoodama qorataa kanaa yommuu ilaallu, hanqina qaba. Sababnisaa, looga Afaan Oromoo Kaaba keessatti Walloodhaan dubbatamuufi kan kibba keessatti Booranaafi

Daani'eel L. fi kb

Gujiidhaan dubbatamu yaada keessa hingalchine.

Kanaan alas, loogawwan Afaan Oromoo Keeniyaa keessatti dubbataman akka jiran qorattoonni adda addaa ibsanii jiru. Haaluma kanaan, loogonni biraa afur: Boorana, Ormaa, Gaarreeh fi Gabraa jedhaman naannoo daangaa Itoophiyaafi Keeniyaa keessa jiraachuu isaanii Andrzejewski (1960, f. 76) ibsee jira. Kanaan alas, birkiin loogaa gurguddaan lama: looga Oromoo giddugaleessaafi looga Oromoo laga xaanaa jedhamuun beekaman Keeniyaa keessatti akka argamuufi loogni Oromoo giddugaleessaa: Boorana, Gabraa, Ajuraan, Sakkuyee fi Gaarreeh, yommuu tahan, loogni Oromoo laga xaanaammoo: Muunyoo, Ormaafi Waataa ofjalatti akka hammatu Heine (1981, f. 15) ibsee jira. Dabalataan, loogonni Itoophiyaan alatti dubbatamanis: Gabra, Boorenaa, Saakuyee, Ajuraan, Garreeh, Ormaa, Munyoofi Waataadha (Baye 1986, f. 8, Sroomer, 1987).

Dabalataan, loogni Raayyaan Bulchiinsa Naannoo Amaaraa bakka Qobboo jedhamuufi Bulchiinsa Naannoo Tigiraay bakka Aseeboo jedhamutti kan dubbatamuudha. Oromoonni Raayyaa har'a iddoo jedhame kana jiraatanis: Arsii, Baaleefi Harargeerraa deemuun qubatan jedhamee akka amanamu Binyam (1988, f. 3) eeree jira.

Kebede (2007) loogawwan afaan Oromoo Walloo, Raayyaa, Tuulama, Meccaa, Arsii,

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15

Harargee, Gujiifi Booranni qoqqooduun Kibba Itoophiyaatti akka dubbatamaniifi of southern Ethiopia and northern Kenyan, Ormaa, Gabraa, Ajuraan, Saakuyee, Gaarreeh, Munyoofi Waata Kaabaa Keeniyaaatti akka dubbataman ibse malee, qoqqooddiin qorattoota adda addaan dhihaatan maaliif akka wal-hinfakkaanne hinibsine. Fedhaa (2015) qorannoon looga Afaan Oromooratti duraan geggeeffame garaagarummaa jechootaa qofa kan fuulleffatuufi arganoo adda addaan kan dhihaate waan taheef hanqina qabaachuusaa heeruun, looga Dhihaa, looga Giddugaleessaa, looga Kaabaa, looga Kibbaa, looga Kibba bahaafi looga Bahaa jechuun bakka shanitti qoodde jira. Qoodamni kunis, loogawwan afaanichaa hunda ofkeessatti hammatee waan jiruuf, qoodama fudhatama qabuudha.

Afaan Oromoo jechoota horsiifamaniin badhaadhaa akka taheefi garee durduubeefi gochima ta'umsaan ala kanneen biroon uumamuu akka dandaahuufi gaalee Afaan Oromoo gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee gochimaafi gaalee durduubee tahuu isaanii agarsiisuun, caasaa gaalee gochimaa keessatti, gochimni mataa tahe, karaa mirgaa argamuun mirgarraa gara bitaatti: gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi ciroo akka miilteffatuufi gochimni Afaan Oromoos: hundee gochimaa, hundee maqaafi hundee maqibsaarraa uumamuu akka danda'u

Daani'eel L. fi kb

Baye (1986, f. 120) firii qorannoosaatiin agarsiisee jira.

Xinhimni birkiilee afaanii biroorraa addaan ba'ee waan hinilaalamneef, jechoota waliin hidhata qaba. Keessattuu, xinhimni adeemsa caasaa himaa ibsuu keessatti gahee olaanaa akka qabu Miller (2002, f. 46) eeree jira. Jechoonni ulaagaa xinjechaatiin yoo ilaalaman, dhamjechoonni haala adda addaatiin jechootarratti dabalamuun: ramaddii, lakkoofsa, saalaafi haala raawwii agarsiisuuf akka tajaajilan Radford (2004, f. 32) ibsee jira.

Dabalataan, gochimni handhuura hima tokkoo waan taheef, caasaa keessaa hafuu akka hindaneenye, gochimoonni Afaan Oromoo tajaajila caaslugaa garaagaraatiif walhoruu, garee jechaa ykn hiika jechaa jijjiiruuf uumamuu akka dandahaniifi gochimni tajaajila caaslugaa kanneen akka: koorniyaa, haala raawwiifi mormii agarsiisuuf dhamjecha hortee akka dabalatu Addunyaa (2010, ff. 121-122) ibsee jira.

Bu'uuruma kanaan yommuu ilaallu, gochimoonni Afaan Oromoo tajaajila caaslugaa adda addaatiif walhoruu, koorniyaa, danoomina, ramaddii, haala raawwiifi hennaa agarsiisuuf dhamjechoota garaagaraa ofkeessatti hammatanii akka argaman qorannoo kana keessatti addeeffamee jira.

Dhamjechoonni taasisaan kanneen hundee gochimarratti dabalamuun gochima biroo uumuuf oolaniidha. Haaluma kanaan, bifni

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15

dhamjecha sadarkaa taasisaa Afaan Oromoo ittiin mul'atu walfalmisiisaadha. Qorattoonni tokko tokko -s(is) sanyii dhamjecha afaanichaa bu'uura tahanii, dubbifamoota irgee /t, d, t', l/ boodaan akka dhufaniifi dubbifamoota irgee /t, d/'n dhamjecha taasisuu {-s} gara sagalee laagee /ch/ akka jijjiiraman Owens (1985, ff. 61-63, 175-185) ibsee jira. Lloret-Romanyach (1987, f. 144), Stroomer (1987, ff. 156-164), Afaan Oromoo ilaalchisee, baay'inni dhamjechi taasisaa baay'ina matima gocha raawwatee akka

murteessu Dubinsky, Lloret and Newman (1988, f. 485) ibsanii jiru.

Kaayyoon qorannoo kanaa caasaa gaalee gochimaa Afaan Oromoo keessatti dhamjechoota tajaajila gochimoota mataa tahan horsiisan xiinxaluudha. Keessattuu, gochimoonni taasisaa, taasifamaafi taasifataa kanneen artikilii kana keessatti fuulleffataniidha. Haaluma kanaan, unki dhamjechoota taasisaa Afaan Oromoo waliigalaan {-s}, [-sis] fi [-siis] sadii akka tahan Gragg (1976, f. 181) ibsee jira. Dabalataan, dhamjechi hundee gochimaa keessatti dabalamuun taasisaa agarsiisu dhaabbataan {-s} akka tahe Lloret- (1987, f. 144-146) ibsitee jirti. Itti fufuun, dhamjechi hundee gochimaa keessatti dabalamuun taasisaa baaqqee agarsiisu dhaabbataan {-is} fi dhamjechi hundee gochimaa keessatti dabalamuun taasisaa dachaa agarsiisu

Daani'eel L. fi kb

dhaabbataan {-isis} akka tahe Kebede (2009, f. 35) eeree jira. Kanaan alas, unki dhamecha taasisaa Afaan Oromoo shan: -is, -s, -ss, -sis fi -eess akka ta'aniifi dhamjechoota {-is, -s fi -ss taasisaa baaqqee (TB), dhamjecha {-sis} taasisaa dachaa (TD)fi dhamjecha {-eess} taasisaa sadeessoo (TS) jechuun tajaajila isaanii waliin Tolamariam (2009, f. 25) ibsee jira. Qorataan kun bu'uura dubbachiistuu hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaa keessatti argamtu gabaabbachuufi dheerachuutiin unka dhamjecha taasisaa gochima keessatti mul'atanii hinxiyyeeffanne. Sababnisaa, dubbachiisaan birsaga jalqabaa keessa jiru dheeraa taanaan dhamjechi gochima biraa uumuuf oolu [-sis] taati. Gama biraan, dubbachiistuun birsaga jalqabaa keessa jiru gabaabaa yoo tahe, dhamjechi gochima taasisaa dachaa uumuuf ooltu [-siis] taati.

Itti dabalun, firri dhamjechootaa [-siisis]fi [-sisiis] jedhaman unkaalee qoodama dhamjecha taasisuu Tolamariam keessatti hinhammatamne. Garuu, adeemsa gochima taasisuu Afaan Oromoo biraa uumuu keessatti gahee qabu. Gochimoonni dhamjecha kanaan uumaman, gocha ramaddii sadaffaan namni biraan akka raawwachiisuuf ajaje bakka buhee argama. Kana jechuun, gochima kana keessatti nama ajaje, kan gocha raawwachiisuuf ajajameefi nama gocha raawwatetu keessatti mul'ata. Garuu unkaalee qorataan kun qoode

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15
keessatti dhamjechi taasisuu sadeessoon kun hinhammatamne. Darbees, Tolamariam (2009, f. 14) akka dhamjecha taasisuu Afaan Oromoo keessaa dhamjecha {-eess} jedhuuf, ragaalee add-eess-fi jab-eess- jedhan dhiheessee jira. Dhamjechi kun garuu, hundee maqibsaarraa gochima uumuuf malee, hundee gochimaarraa gochima taasisuu uumuuf kan oole miti.

Tahus, dhamjecha taasisuu ilaalchisee qorannoo geggeesseen, [-sis fi -siis] fira dhamjecha tokkoo waan tahaniif, dhamjecha [-si(i)s] bakka buusuun, {-s} dhamjecha gochima nama tokkoon taasifamu uumuufi dhamjechi -si(i)s ammoo, gocha nama lamaan taasifamu uumuuf akka dhaabbatu Shimelis (2014, f. 101) ibsee jira. Sababnisaas, dubbachiistuun hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaa keessatti argamtu yoo gabaabbattee gochimoonni uumaman, dhamjecha [-siis] akka dabalataniifi dubbachiistuun hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaa keessatti argamtu yoo dheeratte ammoo dhamjecha [-sis] fufachuun tajaajila gochima taasisaa biroo uumuuf dhaabatu. Kana jechuun dhamjechoonni lamaanuu unkaan garaagara haata'an malee, gocha nama lamaan raawwatu agarsiisuuf akka oolan hubanna. Bu'uura dhamjecha hundee gochimaatti dabalamuutiin gochimni gosa biraa taasifataa yommuu tahu, dhamjechi gidduu gochimaattii dabalamuun tajaajila

Daani'eel L. fi kb

kanaaf oolu {-at} akka tahe Stroomer (1987, f. 73) ibsee jira.

Kanaan alas, matim-agarsiistuun caasaa hima tokkoo keessaa yoo jiraate, dhamjechi taasifataa gochima keessatti mul'achuu dhiisuu nidandaaha. Kana ilaalchisee, caasaa himaa taasifataa keessa dhamjechi taasifataan jiraannaan, matim-mul'istuun keessaa hafuu akka dandeessu fakkeenya inni if (-iif) loon gurgu-at-ø-e jedhu dhiheessuun Kelbessa (2003, f. 14) ibsee jira. Kanaafuu, mul'istuu keessaa hambisuun, inni loon gurgu-at-ø-e jennee barreessuu nidandeenya jechuudha.

Gochimni taasifamaan hundee maqaa yookiin hundee maqibsaarraa akka uumamu Hassen fi Hayward (1981, f. 59-60) ibsanii jiru. Dhamjechi hundee maqaa yookiin maqibsaarratti boodaan dabalamuun gochima taasifamaa uumuuf oolu (a)aw akka taheefi dhamsagni gamdubbee /w/ jecha uumamu keessaa haqamuu akka dandahu fakkeenya maččaawe jedhu dhamsaga /w/ keessaa haquun maččaa'e jechuun barreessuun akka danda'amu Kebede (1994, f. 18) agarsiisee jira.

Madda Ragaaleefi Mala Xiinxala Ragaalee

Dhamjechoota caasaa gaalee gochimaa Afaan Oromoo keessatti gochima biraa horsiisuuf oolan xiinxaluun barbaachisaa waan taheef, fuulleffatamuun qoratamee jira. Haaluma kanaan, qorannichaa addeessaa, dhihaannaan qorannichaa akkamtaa, tooftaa akkayyoon seeneffamoota afoolaa keessaa: oduun duriifi

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15

sheekkoon filatamuun ragaaleen walitti qabamanii jiru. Dabalataan, qorannoo xinqooqaa: xinsagaafi xinhimaa keessatti ragaalee ofiin dhiheessuun mala baay'ee barbaachisaafi fudhatama qabu akka taheefi qorataan ragaalee ofiin dhiheessu muuxannoo qaburraa kahuun ragaalee quubsaa dhiheessuu akka dandahu Bauer (2007: 88) ibsee jira. Dabalataan, caasaalee carraa ijaarama isaanii dhiphaa tahe qorachuuf, kallattii qorannichaa argachuuf filannoo gaarii akka taheefi qorannoo gadfagoo geggeessuuf daandii gaarii tahuu Bauer (2007: 88) eeree jira.

Bu'uuruma kanaan, qorataan afaan kan hiikkate Afaan Oromootiin waan taheef, ragaalee matadurichaaf barbaachisan dhiheessuun madda odeeffannoo dabalataa tahuun tajaajilee jira.

Kanaan alas, dhamjechoota hundee/jirma gochimaarratti duubaan dabalamuun tajaajila gochimoota biraa horsiisuu addeeffamanii jiru.

Kanaan alas, Sagantaa Minimaalistii “Government and Binding” (GB) irraa kan fooyya'e tahee, yaadiddama afaan ilaalchisee yaada baay'ee dimshaasha tahee, waa'ee caasaa afaanii yaada sirriitti hinhubatamin qorachuuf barbaachisaa taheefi amalli dhaabbataan ulaagaa amaloota tarreeffamanii guutuun jechoonni tartiiba mul'ataa taheen ibsamu akka qaban Chomsky (1995, f. 231) ibsee jira.

Kanaan alas, garee walitti dhufan keessaa mataan jecha xiyyeeffatameefi caasaa haaraa walxaxaa tahe uumuuf akka oolu Cook and Newson (1996, f. 323) eeranii jiru. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti ragaaleen gochima ilaalchisuun qoratichaan dhihaataniifi sheekkoofi oduu durii keessaa safaree dhihaateen walitti qabaman erga dhihaatanii booda akkaataa waliin deemuu dandahaniin qindeeffamuun bu'uura yaadiddama, yookaan dhihaannaa Minimaalizimiitiin xiinxalamuun dhihaannaa akkamtaatiin ibsamani jiru.

Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

Qorattoonni tokko tokko bifa dhamjechoonni taasisaa Afaan Oromoo ittiin mul'atan haala walfalmisiisaa taheen, sanyii dhamjecha taasisaa afaanichaa bu'uura tahan akka itti aanuun xiinxalanii jiru. Dhamjechoonni taasisaan kanneen hundee gochimarratti dabalamuun gochima biroo horsiisuuf oolaniidha. Afaan Oromoo keessatti, baay'inni dhamjechi taasisaa baay'ina matima gocha raawwatee akka murteessu Dubinsky, Lloret and Newman (1988, f. 485) ibsanii jiru. Qorattoonni tokko tokko -s(is) sanyii dhamjecha afaanichaa bu'uura ta'anii, dubbifamoota irgee t, d, t', l boodaan akka dhufan Owens (1985, f. 61-63, 175-185), Lloret-Romanyach (1987, f. 144), Stroomer (1987, f. 156-164), Stroomer (1995, f. 85-89) xiinxalanii jiru.

Qorattoota tarreeffaman keessaa unka dhamjechoota taasisaa Afaan Oromoo waliigalaan sadii isaanis: [-s], [-sis] and [-siis] akka tahan Gragg (1976, f. 181) ibsee jira. Dabalataanis, dhamjechi hundee gochimaa keessatti dabalamuun taasisaa agarsiisu dhaabbataan -s akka tahe Lloret- (1987, f. 144-146) ibsee jira. Itti fufuun, dhamjechi hundee gochimaa keessatti dabalamuun taasisaa baaqqee agarsiisu dhaabbataan [-is] fi dhamjechi hundee gochimaa keessatti dabalamuun taasisaa dachaa agarsiisu dhaabbataan -isis akka tahe Kebede (2009, f. 35) heeree jira.

Kanaan alas, unki dhamecha taasisaa Afaan Oromoo shan: [-is], [-s], [-ss], [-sis] fi [-eess] akka tahan Tolamariam (2009, f. 25) ibsee jira. Tolamariam bu'uura dubbachiistuu hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaa keessatti argamtu gabaabbachufi dheerachuun unka dhamjecha taasisaa gochima keessatti mul'atanii hinxiyyeeffanne. Sababnisaa, dubbachiistuun birsaga jalqabaa keessa jirtu dheertuu taanaan dhamjechi gochima biraa uumuuf ooltu [-sis] taati. Fakkeenyaaf, heersis-, fiig-sis-, raag-sis-, jaam-sis-, duul-sis-, jaar-sis-, deem-sis- heeruun nidandahama. Gama biraan, dubbachiistuun birsaga jalqabaa keessa jirtu gabaabduu yoo taate, dhamjechi gochima taasisaa dachaa uumuuf ooltu [-siis] taati. Fakkeenyaaf, dhuf-siis-, tum-siis-, tuf-

Daani'eel L. fi kb

siis-, tur-siis-, gal-siis-, raf-siis-, mug-siis-, mar-siis- kaasuun nidandahama.

Itti dabaluun, dhamjechi [-siisis] jedhamu unkaalee qoodama dhamjecha taasisuu Tolamariam keessatti hinhammatamne. Garuu, adeemsa gochima taasisuu Afaan Oromoo biraa uumuu keessatti gahee qaba. Gochimoonni dhamjecha kanaan uumaman, gocha ramaddii sadaffaan namni biraan akka raawwachiisuuf ajaje bakka buhee argama. Kana jechuun, gochima kana keessatti nama ajaje, kan gocha raawwachiisuuf ajajameefi nama gocha raawwatetu keessatti mul'ata. Fakkeenyaaf, gal-siisis-, mal-siisis-, gan-siisis-, mur-siisis-, fal-siisis- jedhan heeruun nidandahama. Garuu unkaalee qorataan kun qoode keessatti dhamjechi taasisuu sadeessoon kun hinhammatamne. Darbees, Tolamariam (2009, f. 14) akka dhamjecha taasisuu Afaan Oromoo keessaa dhamjecha -eess jedhuuf, ragaalee add-eess-fi jab-eess- jedhan dhiheessee jira. Dhamjechi kun garuu, hundee maqibsaarraa gochima uumuuf malee, hundee gochimaarraa gochima taasisuu uumuuf kan oole miti.

Kanaan alas, jechoota garee isaanii osoo hinjijjiirin dhamjechoota seerlugaa garaagaraa gochimootatti dabaluun gochimoota tajaajila adda addaaf oolan kanneen akka: taasisuu, taasisamuufi taasifachuu uumuun akka dandaahamu heeruun, unkoonni dhamjechoota taasisuu: [-s], [-sis] fi [-siis] jedhaman keessaa

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15

[-s]'n taasisuu tokkoffaa, [-sis]'n taasisuu lammataafi [-siis]'n taasisuu sadaffaa akka agarsiisan Filee (2015, f. 113-121) barreessee jira.

Tahus, dhamjecha taasisuu ilaalchisee qorannoo geggeesseen, [-sis] fi [-siis] fira dhamjecha tokkoo waan tahaniif, dhamjecha [-si(i)s] bakka buusuun, [-s] dhamjecha gochima nama tokkoon taasifamu uumuufi dhamjechi [-si(i)s] ammoo, gocha nama lamaan taasifamu uumuuf akka dhaabbatu Shimelis (2014, f. 101) ibsee jira. Sababnisaas, dubbachiistuun hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaa keessatti argamtu yoo gabaabbatee gochimoonni uumaman, dhamjecha [-siis] akka dabalataniifi dubbachiistuun hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaa keessatti argamtu yoo dheeratte ammoo dhamjecha [-sis] fufachuun tajaajila gochima taasisaa biroo uumuuf dhaabbatu.

Kana jechuun dhamjechoonni lamaanuu unkaan garaagara haatahan malee, gocha nama lamaan raawwatu agarsiisuuf akka oolan mirkanaa'ee jira. Qabatuma kanaan yoo ilaalle, firjechoonni [-sis] fi [-siis] jedhan hundee gochimaa keessaa naannoo galan irratti hundaahuun unkisaanii jijjiirame malee, lamaanuu Afaan Oromoo keessatti taasisuu dachaa bakka bu'uun tajaajiluusaanii hubanna.

Kanaan alas, Afaan Oromoo keessatti [-s] fi [i] dhamjecha gochima taasisaa uumuu beekamoofi miseensota barbaachisoodha.

Dhamjecha gochima taasisaa uumu kan Hayward (1976) tokko -is, dhamjecha gochima taasisaa uumu kan Lloret- (1987) tokko [-s], unki dhamecha taasisaa Afaan Oromoo kan Tolamariam (2009) shan: [-is], [-s], [-ss], [-sis] fi [-eess] jedhee dhiheesse qeequun, qoodama dhamjecha taasisuu Gragg (1976) sadan [-s], [-sis] fi [-siis] bu'uureffachuun xiinxala geggeesseen [-sis] fi [-siis] fira dhamjecha tokkoo waan tahaniif, dhamjecha [-si(i)s] bakka buusuun, [-s] dhamjecha gochima taasisuu baaqqee uumuufi [-si(i)s] ammoo, dhamjecha gochima taasisaa dachaa uumuuf akka tajaajilan Shimelis (2014, f. 101) ibsee jira. Darbees, birsaga hundee gochimaa keessaa kan jalqabaa keessatti dubbachiistuun yoo gabaabbattee gochimoondi uumaman, dhamjecha [-siis] akka dabalataniifi hundee gochimaa keessaa birsaga jalqabaarratti dubbachiistuun dheeratte yoo dhufte ammoo dhamjecha [-sis] fufachuun tajaajila gochima biroo uumuuf dhaabachuu akka dandahaniifi jecha Tolamariam damq-is- heeruun dhamjecha [-is] walitti dabalamee gochima taasisaa biraa uumuuf osoo hintaane, jecha [damq-i-s-e] jedhu keessatti dubbachiistuu (i)'n dhamjecha [-s] dursitee dhufuun seera afaanichaa eeguuf saagduu taahun tajaajiltee argamti jechuun Shimelis (2014, f. 101) ibsee jira. Sababnisaa, yoo saagduu [i]'n hinjiraanne, dubbifamaa mqs'n walitti aananii galuun jecha ragaadhaaf dhihaate sana hiika dhabeessa

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15
taasisu. Kun ammoo akka seera Afaan Oromootti irrabuta hinhayyamamneedha.

Kanaafuu, dhamjechi [-is] jedhu Afaan Oromoo keessatti dhamjecha gochima taasisuu biraa uumuuf tajaajilu akka hintaane hubanna. Haaluma kanaan, ragaa Tolamariam dhiheesse damq-i-s-e jedhamuun dhamjechi [-s]'n qofaatti bahee gocha namni sadaffaan raawwachiise agarsiisuun tajaajila jechuudha. Ibsa Shimelis kenne bu'uureffachuun, [i]'n saagduu yommuu taatu, [-s]'n ammoo, tajaajila namni sadaffaan gocha raawwachuu agarsiisu akka kennu ragaa dabalataa afaanicha keessaa fudhatameefi tajaajila isaan dhuunfaan dhaabbatanii kennan xiyyeeffachuun qorannoo kana keessatti xiinxalamee jira.

Bu'uura qoodama dhamjecha taasisuu Gragg (1976) sadan [-s], [-sis] fi [-siis] jedhamaniifi ibsa Shimelis (2014, f. 101) dhamjecha [-sis] fi [-siis] fira dhamjecha tokkoo waan tahaniif, dhamjecha [-si(i)s] bakka buusuun, [-s] dhamjecha gochima taasisuu baaqqee akka uumuufi [-si(i)s] ammoo, dhamjecha gochima taasisuu dachaa uumuuf akka tajaajilu jechuun qorannoosaatiin dhiheesse kan xiyyeeffataman yoo ta'anis, unkaaleen dhamjechoota gochimoota taasisaa biraa uumuuf oolan kanneen qorannoo kanaan dhamjechi gochima taasisaa gocha nama sadiin raawwate agarsiisu [-siis] yookiin [-sisiis] adda bahuun, dhamjechoota taasisaa Gragg

Daani'eel L. fi kb

bu'uura jedhe sadan: [-s], [-sis], [-siis], jedhamanitti dabalamee jira.

Kanaafuu, unkaaleen dhamjechoota gochimoota taasisuu biraa uumuuf oolani: [-s], [-sis], [-siis], [-siisis]fi [-sisiis] akka ta'an ragaalee looga Afaan Oromoo Maccaa keessaa fudhataman xiinxaluun addeeffamee jira. Dabalataan, dubbachiistuu /i/'n sadarkaa raawwii taasisuu keessatti dhamjechoota unka adda addaa dursitee dhuftu tajaajila saaguu kennuuf hundee gochimaafi dhamjechoota taasisaa gidduu galtee akka argamtu qorannoo kana keessatti ibsamee jira.

Kanaan alas, gochimoonni dhamjechoota adda addaa dabalachuun nama gocha raawwatu, wanta gochirratti taasifamuufi nama gocha raawwatatu adda baasanii agarsiisuu nidandahu. Haaluma kanaan, Afaan Oromoo keessaa hundee gochima taasisaarratti dhamjecha {-am} jedhu dabaluun, gochima taasifamaa uumuun akka dandahamu kanaa gadiitti xiinxalamee jira.

Dabalataan, hundeeffan gochima taasisaa: qal-, fur-, faal-, mar-, kuul-, qab-fi qar-, jedhan irratti dabalamuun dhamjechi gochimaa taasifamaa uumuuf gahee fudhate {-am} kan jedhu ture. Bu'uuruma kanaan, gochimoonni taasisaan duraan: qale, fure, faale, mare, kuule, qabeefi qare jedhan dhamjecha {-am} gidduutti dabalachuun, gara gochimoota qalame, furame, faalame, murame, kuulame, qabameefi qarame

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15

jedhanitti jijjiiramuun gochima taasifamaa uumanii jiru.

Gochimoonni dhamjechoota adda addaa dabalachuun nama gocha raawwatu, wanta gochirratti taasifamuufi nama gocha raawwatatu adda baasanii agarsiisuu nidandahu. Haaluma kanaan, Afaan Oromoo keessaa hundee gochima taasisaarratti dhamjecha {-at} jedhu dabaluun, gochima taasifataa uumuun dandahamuusaa haala itti aanuun agarsiifamee jira. Bu'uuruma kanaan, hundeeffan gochima taasisaa: mar-, kut-, ban-, mur-, bit-, fal-, mal-fi dhiq-, jedhan irratti dabalamuun dhamjechi gochimaa taasifataa uumuuf tajaajile [-at] kan jedhu ture. Haaluma kanaan, gochimoonni taasisaan duraan: mare, kute, bane, mure, bite, fale, maleefi dhiqe jedhan dhamjecha [-at] duubaan dabalachuun, gara gochimoota marate, kutate, lagate, murate, bitate, falate, malateefi dhiqate jedhanitti jijjiiramuun gochima taasifataa uumanii jiru.

Kanaafuu, gochimoonni maree, dhiqe, miiccateefi bitatte jedhan gochimoota taasisaa jedhamu. gochimoonni marateefi dhiqate jedhaan akka uumamaniif kan tajaajile, dhamjecha {-at} jedhu ture. Haaluma kanaan, adeemsa uumama gochimoota kanaa keessatti gahee bahuun tajaajila kan jijjiire dhamjecha {-at} jedhamu yommuu ta'u, gochimni taasifataan mataa caasaa gaalee gochimaa tahe uumame jechuudha.

Argannoo

Qorannoon kamiyyuu saayinsaawaa tahuuf adeemsa barbaachisu keessa darbuu waan qabuuf, qorannoo kana keessattis gaaffilee bu'uura xiyyeeffachuun ragaaleen dhihaatan tartiiba barbaachisaa taheen xiinxalamani jiru. Haaluma kanaan, argannoon qorannoo kanaa: gochimoondi caasaa gaalee gochimaa keessatti mataa tahan bu'uura dhamjechoota hunderratti dabalamaniin: gochima taasisaa, gochima taasifamaafi gochima taasifataa akka ta'an kan beekamu yoo ta'es, dhamjechoonni gochimoota kanneen horsiisuu keessatti ga'ee qaban ilaalchisee namoonni qorannoo geggeessan argannoo walfakkaataa hindhiheessine. Kanaafuu, argannoon qorannoo kanaa haala itti aanee jiruun cuunfamee jira:

- a) Unki dhamjechoota taasisaa Afaan Oromoo waliigalaan sadii isaanis: {-s}, [-sis] fi [-siis] akka tahaniifi taasisuu baaqqee dachaa kan ibsan tahuu Gragg (1976, f. 181) yoo heeres, qorannoo kanaan dhamjechi taasisuu gochima namni sadii keessatti qooda fudhate uumu [-siisis] fi [-sisiis] akka ta'ee fi sababa birsaga hundee gochimaa keessaa jalqabarra jiru keessatti dubbachiistuun argamtu gabaabbachuufi dheerachuun unkaan adda ta'an malee fira dhamjecha tokkoo akka tahaniifi dubbachiistuu /i/'n hundee gochimaafi dhamjecha taasisuu gidduutti argamtu seera

afaanichaa eeguuf saagamte malee qaama dhamjecha taasisaa akka hintaane mirkanaa'ee jira (Ragaalee lakkoofsa 1-5 jala jiran ilaali).

- b) Ragaaleen Afaan Oromoo keessaa fudhatamuun xiinxalaman akka agarsiisanitti, antimni bakka matimaa dhufuun yeroo tajaajila matimaa kennu, dhamjechi antima gochirratti raawwate adda baasee agarsiisu {-am} akka taheefi hundee gochima taasisaarratti dhamjecha {-at} jedhu dabaluu gochima caasaa gaalee gochimaa keessatti nama gocha raawwatate agarsiisu akka tahe ibsamee jira.

Goolaba

Caasaa gaalee gochimaa keessatti gochimni mataa tahuun dirqama yommuu tahu, dhamjechoota hundee gochimaarratti dabalaman bu'uureffachuun: nama gocha raawwatu, wanta gochirratti raawwatamuufi nama ofiisaatii gocha raawwatatuutiin gochimoondi: taasisaa, taasifamaafi taasifataa jedhamuun akka qoodaman ragaalee Afaan Oromoo keessaa fudhatamuun xiinxalamaniin mirkanaa'ee jira.

Haaluma kanaan, dhamjechoonni hundee gochimaarraa gochimoondi taasisuu biraa akka uumamaniif oolan: [-s], [-sis], [-siis], [-sisiis] fi [-siisis] akka taahan ragaalee dhihaatan xiinxaluun addeeffamee jira. Dhamjechi [-s] gochima nama tokko hirmaachisu uumuuf kan

Daani'eel L. fi kb

tajaajilu yommuu tahu, dhamjechoonni [-sis]fi [-siis]'n firjechoota dhamjecha tokkoo waan ta'aniif, gochimoota namni lama keessatti qooda fudhate uumuuf yookiin dhamjecha taasisuu dacha jedhamuun akka beekaman addeeffamee jira. Dabalataanis, akka ragaaleen Afaan Oromoo keessaa fudhataman agarsiisanitti, firjechoonni [-sisiis]fi [-siisis] jedhan hundee gochimaa keessaa naannoo galan irraa kan kahe unkaan garaagara ta'an malee, lamaanuu gochima nama sadii hirmaachise uumuuf ooluu isaanii qorannoo kanaan adda bahee jira.

Kanaan alas, akka ragaaleen Afaan Oromoo keessaa fudhatamuun xiinxalaman mul'isanitti, hundee gochima taasisaarratti dhamjecha biraa dabaluun gochima caasaa gaalee gochimaa keessatti qaama gochirratti raawwate agarsiisu jiraachuun isaa adda bahee jira. Bu'uuruma kanaan, dhamjechi {-am} jedhamu gochima taasifamaa uumuuf akka tajaajilu mirkanaa'ee jira. Keessattuu, yommuu antimni adeemsa darbiinsaatiin bakka matimaa dhufuun tajaajila matimaa kennu, antima gochirratti raawwate adda baasee kan agarsiisu dhamjecha {-am} jedhu akka tahe ibsamee jira. Fakkeenyaaf, hima "arbi waraaname" jedhu keessatti, jechi "arbi" jedhu bakka matimaa dhufee xiyyeeffannoo argachuun tajaajila matimaa kennuu isaa hubanna.

Haaluma kanaan, gochimaa waraan-am-e jedhu keessatti dhamjechi {-am} jedhu antimni

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15
yookiin taasifamaan "arba" tahuu agarsiisee jira. Itti dabaluun, ragaaleen Afaan Oromoo keessaa fudhatamuun xiinxalaman akka agarsiisanitti, hundee gochima taasisaarratti dhamjecha biraa dabaluun gochima caasaa gaalee gochimaa keessatti nama gocha raawwatate agarsiisu akka jiru mirkanaahee jira. Qabatuma kanaan, dhamjechi {-at} jedhu gochima taasifataa uumuuf akka oolu adda bahee jira. Fakkeenyaaf, hima "inni gaachana bitate" jedhu keessatti, gochimni uumame "bitate" kan jedhu yommuu tahu, dhamjechi gochicha ofiif raawwatachuu agarsiistu {-at} akka taate ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun dandahamee jira.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa (2018). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo Max.3ffaa*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Andrzejewski, B.W. (1960). *The Categories of Number in Noun Forms in the Borana Dialect of Galla*. Africa 30: 62-75.

Asmarom Legesse (2006). *Oromo Democracy: an indigenous African political system*. Red Sea Press.

Baye Yimam (1986). *The Phrase Structure of Ethiopian Oromo*. Doctorial

Daani'eel L. fi kb

Dissertation, School of Oriental and African Studies, University of London.

Bauer, L. (2007). *The Linguistics Student's Handbook*. Edinburgh University Press.

Bender, M.L. (1976) (Ed). *The Non-Semitic Languages of Ethiopia*. Monograph No.5, Occasional Papers Series, Committee on Ethiopian Studies, East Lansing-Carbondale, African Studies Centre, Michigan State University.

Binyam Abebe (1988). The phonology of Raya Oromo. (Unpublished Senior Essay). Addis Ababa University, Linguistics Department.

Carnie A. (2010). *Modern Syntax: A coursebook*. Cambridge: Cambridge University Press.

Chomsky, N. (1995). *The Minimalist Program*. Cambridge: MIT Press.

Debela Goshu (2011). *The Semantics of Oromo Frontal Adpositions*. Norwy, PhD Dissertation: University of Oslo.

Feda Negese (2015). Classification of Oromo Dialects: A Computational Approach. *International Journal of Computational Linguistics (IJCL)*, 6(1): 2015

Filee Jaallataa (2015). *Seerluga Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Dhaabbata Maxxansaa Raajii.

Gragg, G. (1976). Oromo of Wellegga. In: Bender, M. L. (edition.), *The Non-Semitic Languages of Ethiopia*. East Lansing:

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2023, 1(1):1-15
African Studies Center Michigan State University, 166-195.

Hyward, R. and Mohammed, H. (1981). *The Oromo Orthography of Sheik Bakri Sapalo*. Bulletin of the School of Oriental and African Studies Vol.xliv part 3 University of London.

Hayward, R. (2000). Afroasiatic. In Heine, B & Nerse, D (eds.) *African Languages*. Cambridge: Cambridge University Press. 74-98.

Heine, Bernd. (1981). *The Waata Dialect of Oromo: Grammatical Sketch and Vocabulary*. Berlin: Dietrich Reimer.

Jim Miller, (2002). *An Introduction to English Syntax*. Edinburgh University Press Ltd, 22 George Square, Edinburgh.

Kebbede Hordofa. (1981). Nominalization Patterns in Oromo. (Unpublished Senior Essay). Linguistics Department, Addis Ababa University.

Kebede Hordofa (1994). Baate (Wello) Oromo Phonology: Palatalization of Alveo-dental Consonants and Related Issues. (Unpublished) Addis Ababa University, Addis Ababa.

Kebede Hordofa (2007). Causative Verb and Palatalization in Oromo. *The Journal of Oromo Studies* . 14(2) (pp.95-109)

Kebede Hordofa. (2009). Towards the Genetic Classification of the Afaan Oromoo

- Dialects. PhD Dissertation: University of Oslo.
- Kelbessa Bayene (2003). Overt Argument Noun Phrase Interpretation in Oromo. Unpublished MA Thesis. Addis Ababa University.
- Lloret, Maria-Rosa (1987). The Morphology of the Causative in Oromo. *Journal of African Languages and Linguistics* 9: 141-156.
- Mohammed Hassen (1990). *The Oromo of Ethiopia: A History 1570-1860*. Red Sea Press.
- Owens, Jonathan. (1985). *A Grammar of Harar Oromo (Northeastern Ethiopia)*. Hamburg: Helmut Buske.
- Radford, A. (2004) *Minimalist Syntax: Exploring the Structure of English*, Cambridge University Press, Cambridge.
- Radford A., Atkinson M., Britain D., Clahsen H. and Spencer A.(2009). *Linguistics An* *Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji* 2023, 1(1):1-15 *Introduction. (2nd edition.)* Cambridge University Press, New York.
- Shimelis Mezengia. (2014), *Nominalization via Verbal Derivation: Amharic, Tigrinya and Oromo (A Contrastive Study)*, PhD Dissertation: Addis Ababa University.
- Stromer H. (1987). *A comparative Study of Three Southern Oromo Dialects in enya*. Phd Dissertation University of Leiden.
- Stroomer, Harry. 1995. *A grammar of Boraana Oromo (Kenya)*. Köln: Köppe.
- Tolemariam Fufa (2009). *A Typology of Verbal Derivation in Ethiopian Afro-Asiatic Languages*. Utrecht: Landelijke Onderzoekschool Taalwetenschap (LOT).
- .Wako Tola (1981). *The phonology of Mecha Oromo* (Unpublished MA Thesis), Institute of Language Studies: Addis Abeba University.